# Dhiqannaan guyyaa jimaataa nama baallaghe hunda irratti dirqama, akkasumas ilkaan isaa rigachuu fi yoo argate shittoo dibachuunis

Amri bin Suleem Al-ansarii irraa odeeffame, akkana jedhe: Ani Abuu Sa'iid akkana jechuu irratti ragaa nan ba'a: Ergamaa Rabbii nagaa fi rahamnni irra haa jiraatuu akkana jechuu irratti ragaa nan ba'a: "Dhiqannaan guyyaa jimaataa nama baallaghe hunda irratti dirqama, akkasumas ilkaan isaa rigachuu fi yoo argate shittoo dibachuunis".
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyii nagaa fi rahamanni irra haa jiraatuu, muslimtoota irraa namoota salaanni Jum'aa irratti dirqama taatu irraa muslima dhiiraa kan baallaghaa ta'e hunda irratti dhiqannaan guyyaa Jum'aa akka dirqamatti kan jabeeffamu ta'uu ifa godhaniiru, Akkasumas siwaaka fi kan kana fakkaataniin ilkaan isaa qulqulleeffachuun, Akkasumas urgooftuu/shittoo gaarii kamiyyuu dibachuun.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee